TALAALLII COVID-19

HAQAWWAN JIRAN BEEKUU.

TALAALLIIWWAN KUN HIDHATA GAA'ELAATIIF, DUBARTOOTA ULFAATIIF AKKASUMAS MAATIIWWAN HAARAADHAAF FAYYAALESSAA DHA.

OFII KEESSAN EEGAA. MAATII KEESSAN EEGAA. TALAALLII FUDHADHAA.

Talaalamuun daandii ittiin cimaa fi fayyaalessa ta'uudhaan itti fufan keessaa tokko yoo ta'u, kunis maatii keessaniif itti fufsiisuu dandeessu. Talaallii kana yeroo fudhattanitti ijoollee keessanis ni eegdu, sababiin isaas gara warra baay'ee jaallattaniitti carraan daddabarsuu keessanii muraasa ta'a.

TALAALLIIWWAN KUN FAYYAALESSAA DHA.



OSOO IJOOLLEE HIN GODHATIN DURA



WAQTII ULFAA'UU KEESSANIITTI

ERGA MUCHAA GODHATTANIIN BOODA



YEROO IJOOLLEEN KEESSAN GURGUDDATAN

TALAALLIIWWAN KUNNEEN

- **FAYYAALESSA:** Talaalliin kun miliyoona hedduutti kan lakkaa'aman sanyii, sab lammoota, fi umurii garaa garaa irratti kan argamaniif fayyaalessummaan isaa mirkaneeffamee jira. Talaallii kana caalmaatti sababa infekshinii COVID-19 tiin rakkoon baay'isee ulfaatoo ta'an isin quunnamuu danda'u.
- **BU'A QABEESSA:** Talaalliin kun COVID-19 kanaaf akka hin saaxilamne isin taasisa. Talaalliin kun humnaan olitti dhukkubsachuu irraa, akkasumas yoo dhukkubsattanis akka hin duuneef isin gargaara.
- **KAFFALTII IRRAA BILISA:** Haalli immigireeshinii keessanii ykn yoo waraqaa eenyummaa ykn inshuuraansii fayyaa qabaattanis qabaachuu baattanis talaalliin kun nama hundumaatiif bilisa.

NRC-RIM
National Resource Center for Refugees, Immigrants, and Migrants

Odeeffannoo dabalataatiif: cdc.gov/coronavirus

TALAALLIIWWAN KUN FAYYAALESSAA DHA.



OSOO IJOOLLEE HIN GODHATIN DURA

Talaalliin COVID-19 warra dhiirotaa fi dhalaatiif gara fuula duraati ulfaa'uu fi dhala godhachuuf fedhaniif fayyaalessaa dha.

Talaalliiwwan kunneen warri dhirotaa ykn warri dhalaa dhala godhachuu akka hin dandeenye taasisa kan jedhu ragaan tokko illee hin jiru.



[illegible]

Talaalliwwan COVID-19 fayyaalessa waan ta'aniif dubartoota ulfaatiif cimsee kan gorfamuu dha. Dubartoonni ulfaa kumaan lakkaawaman rakkoon tokkollee isaanii fi ijoollee isaanii osoo hin mudatin nagaatti talaalamanii jiru.

Dubartoonni ulfaa yoo COVID-19 kanaaf saaxilaman carraan humnaan olitti dhukkubsachuu isaanii guddaa dha. Dabalataanis, carraan yeroo malee da'uu isaanii guddaa dha.

Talalliin COVID-19 fudhachuun isinii fi maatii keessan haalota walxaxaa ta'an kan COVID-19 irraa ka'an irraa eeguuf karaa filatamaa dha

ERGA MUCHAA GODHATTANIIN BOODA

Talaalliin COVID-19 warra dhiirotaa fi dhalaatiif, gara fuula duraati ulfaa'uu fi dhala godhachuuf fedha qabaataniif fayyaalessaa dha.

Warri guddiftuu yoo talaallii COVID-19 fudhatan daa'imman warra haaraa dhalatan eeguufis ni fayyada.

- Aannan harma haadhaa ijoollee isaanii dhibee COVID-19 kan isaan irraa ittisu of keessatti qabachuu danda'a.
- Guddiftuun talaalamte tokko yoo daa'ima sababa xinneenya umuriitiif talaalamuu hin dandeenye tokkotti carraan dhibee kana daddabarsuu baay'ee muraasa ta'a.



YEROO DAA'IMNI KEESSAN YEROO GUDDATANITTI

Ijoolonnii fi dargaggoonni talaalamuuf umuriin isaanii ga'e yoo talaallii fudhatan fayyummaan isaanii eegamaa ta'a.

Talaalliin kun ijoollee fi dargaggoota dabalatee nama hundumaa COVID-19 irraa ittisa. Talaalliin kun ijoollee fi dargaggoonni yoo dhukkubsatan illee humnaan olitti akka isaan hin dhukkubneef gargaara.

Talaalliin kun gara fuula duraatti mucaan keessan dhala mataa isaanii akka hin godhanneef isaan daanggessu. Talaalliin COVID-19 kun **Umurii dargaggummaa ykn dhala godhachuu isa gara fuula duraa irratti dhiibbaa hin qabaatu.**

OFII KEESSAN EEGAA. MAATII KEESSAN EEGAA. TALAALLII FUDHADHAA.

NRC-RIM
National Resource Center for Refugees, Immigrants, and Migrants

Odeeffannoo dabalataatiif: cdc.gov/coronavirus